



# Abshaalummaa

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>



# Abshaalummaa

Kutaa 3



## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- ◆ Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- ◆ Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- ◆ Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- ◆ Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

### Gaaffiilee dubbisuun duraa

1. Naannawaa keetti namni ati abshaala jettu kan akkamiiti?
2. Abshaalummaan gaarii moo yaraadha jetta? Maaliif?



## Boqonnaa 1: Abshaalummaa

Bara durii namicha maqaan isaa Illuu jedhamu tokkotu ture jedhan. Namichi kun Godina Iluu Abbaa Boor Ganda Hallee jedhamtu keessa jiraata.

Illuun baay'ee abshaala ture. Maqaan isaas kan mogga'e abshaalummaa isaa kanarraati jedhama.

Illuun sooressa xiixaa ture. Qabanni sooruma isaas abshaalummaa isaa akka ta'e ollaa bitaafi mirgaatu dubbata.

Namoonni ollaa Illuu jiraatan yeroo rakkoon isaan mudatu malaaf isa barbaadu. Mala inni isaaniif dhahe faana bu'anii rakkoo hedduu akka furatanis nidubbatama.

Illuun yeruma hunda mana isaa fuul dura taa'ee loon isaa dirreerratti to'atata. Baay'inaafi akaakuu loon isaa kanattis baay'ee gammada ture.

Abbaa malaa ta'uu Illuu kan hubatan namoonni ollaa isaa bakka inni taa'utti dhaqanii mala ittiin rakkoo isaanii keessaa bahan gaafatu turan. Innis yeroo isaan gaafachuuf gara isaa dhufan haalaan simata ture



## Mala Beelarraa Baraaru

Yeroo tokko namoota Ganda Halleetti beelli hamaan buhe jedhan. Qabanni beela sanaas caamsaan hammaachuu isaati. Hameenya Caamsaa sanaarraan kan ka'e, beelladonni namoota Ganda Toles hedduutu dhuman.

Caamsaan isaan mudate namoota Ganda Hallee baay'ee yaaddesse. Malli Illuun Caamsaa sanarraa akka hafaniif ollaa isaatii male, bishaan guddaa gandicha keessa qaxxaamuru akka jal'isan ture. Bishaanichis Bonaafi Ganna hingu'u ture.

Namoonni ollaa Illuu mala inni baaseef faana bu'uun bishaanicha jal'isan. Kanaanis muduraafi kuduraa adda addaa naannawa bishaanichaatti oomishan. Balfaa muduraafi kuduraa sanaa ammoo beellada isaaniitiif bakka tokkotti kuusan.

Kanaafuu, oomisha jal'isii sanarraa argataniin bara beelaa bahuu qofa osoo hintaane, beellada isaaniifi warra hafanis du'arraa baraaran. Namoonni Ganda Hallee ofirraa hafanii muduraafi kuduraa gabaa baasanii gurguruu eegalan.



Namoonni Ganda Hallee mala  
Illuu faana bu'uun isaanii warra  
kaaniifu bu'aa ta'e jedhama. Illuun  
akka naannawaa lagichaa biqiltuu  
adda addaa dhaabanis gorse ture.  
Namoonnis gamtaadhaan bahanii  
biqiltuu dhaaban.

Biqiltuu dhaaban sanas dabareedhaan  
bishaan obaasan. Akka bineeldi biqiltuu  
dhaabaman sana hinmiineefis dallaa itti  
ijaaran. Dallichas muka ciccimaadhaan  
ijaaran. Ulaa ittiin seenanii bishaan  
Obaasan hambisuun cufaa itti tolchan.



## Mala Dhabuu Abbaa Malaa

Illuun kan duraan namoota ollaa isaatiif mala malaa ture amma ofiifuu mala dhabe. Horiin isaa hunduu jalaa dhuman.

Ollaan inni duraan mala dhahaafi tures gargaarsa adda addaa taasisuufii eegale. Garuu gargaarsi isaanii kun akka isaa duraatti Illuu deebisuu hindandeenye. Ollaan isaas oolee bulee isa nuffe.

Illuun keessa bahee waan nyaatulllee dhabe. Gaaf tokko garuu mala wayii argate. Kunis qalqalloo isaa marmaratee midhaan barbaacha gandarra deemuun ture.

Illuun osuma karaa deemuu aduun itti dhihe. Kanarraan kan ka'e, mana jara tokkootti goree na bulchaa jedheen. Namoonni sunis “Buli! manni kan Rabbiiti” jedhaniin. Gara laafummaadhaan kara deemaan sun akka bulu taasisan.

Abbaan warraafi haati warraa Illuun mana isaaniitti gore jaaranii jiru. Yeroo inni buluuf itti goru jaartiin marqaa marqaa jirti turte. Miilla ishee tokkoon gemmiitti ejjette harka ishee lamaaniif xuummaa qabatee sochoofti turte.

Jaartittiinis marqicha abiddarraa fuutee golatti dhoksite. Abbaan warraa ishiis humna dhabuu isaarraan kan ka'e, waan nyaatan akka hinqabne keessummaa isaatti hime. Irra deddeebi'ees hubachiise.



## Akka Irbaanni Hinjirre Hubachuu Illuu

Illuunis akka irbaata hinarganne baree bakka ciisichaa akka kennaniif gaafate. Jaartiinis abbaa warraa ishii gara mirgaa, Illuu ammoo gara bitaa ciibsite.

Sana booda, hunduu irriba keessa bade. Jaartittiin jaarsa biraa kaatee xuwwee abidarra keessee marquu eegalte.

Illuunis bakka jaartittiin isa ciibsitee ka'ee gara mirgaatti darbe. Jaartittiinis marqaa bilcheessitee irraa baasuun waciitii guuttee bakka inni ciisutti jaarsaaf geessite.

Dukkanas waan ta'eef, qaqqabattee bakka sila ciibsitee hirribarraa kaaftee achuma taa'ee akka nyaatuuf, waciitii marqaa sana harka keesse. Afuura dhoffatee akka nyaatus hasaastee itti himte.

Namichis akkuma ishiin itti himtetti afuura dhoffatee marqaa isaa nyaate. Erga inni fixee booda, waciiticha harkaa fuutee bishaan dhugaatiifi kan harkaa laatteef.

Jaartittiinis ofiis nyaattee harka ishii dhiqatte. Sana booda qodaa dhiquutti ceete. Osoo ishiin qodaa ishii dhiqxee hinxumurin Illuun mirgaa ka'ee bakka dura ishiin ciibsitetti deebi'e.



## Abshaalummaa Illuutti Dammaquu Jaartii

Jaartittiinis harka ishii dhiqattee erga xumurtee booda, rafuuf bakka jaarsi ishii ciisu dhaqxe. Jaarsa bira rafuufis huccuu isaa jala lixee yeroo jaarsa qaqqabdu harki ishii itti diilallaa'e.



Jaarsichis rifatee “ititititit!” jedhe.  
Jaartiidhaanis, “Maali maal ta’ee  
harki kee akkas diilallaa’aa?” jedheen.  
Jaartittiinis, “Hindubbatin qodaa  
marqaa keessaa nyaanneefan dhiqeen  
harki na diilallaa’e” jetteen.

Jaarsichis, “Marqaa maalii?” jechuun  
jaartii gaafate. “Marqaa isa amma  
ani waciitiitti siif fidee nyaattekkaa,”  
jetteen. Innis deebisee, “lakkii ani  
marqaa hin nyaannee,” jedheen.

Jaartiinis shakkitee Illuu afaan keesummichaa isaa fuunfachuuf gara isaatti dabarte. Illuun garuu utaalee balbala banatee bahe. Yeroo inni bahu kanas lafti bari'eef.

Kanarraan jaarsichiifi jaartittiin iyyaa Illu duukaa bu'an. Ollaanis dirmateefi duukaa fiiguu eegalan. Osuma isaan wacaa duukaa fiiganii, Illuun namicha qawwee fannifatee fardaan deemutti bahe.

“Namichichis jarri sun maal jedhuu?” jechuun Illuu gaafate. Illuunis qawweefi farda keessan ergisaafiitii nama dhukkubsatuuf dafee waabeekaa nuuf haadhaquu, jedhu,” jedheen.


Abbaan fardaas qawweefi farda isaa ergiseef. “Maqaan keehoo eenyu siin jedhuree?” jedhee gaafate. Illuunis, “Kan duraarra kan ammaa naan jedhu,” jedhee deebiseef.

Illuunis fardicha yaabbachuun qawwee isaa fannifatee gulufuun jarsaafi jaartii harkaa bahe. Kanaan, abshaalummaan Illuu marqaa isa nyaachisuurra taree abbaa fardaafi abbaa qawwee isa taasise jedhama.




## Gaaffiilee dubbisuun boodaa

1. Illuun namoonni ollaa isaa akka beela jalaa bahaniif maal maleefi?
2. Namichi fardaan deemu akkamitti fardaafi qawwee isaa Illuutti kenne?
3. Ati abshaalummaa Illuu nideggerta moo nimormita? Maaliif?

Sorhan 1  
Kulaa 1



### Dhukkuboota Daddarboo

Sorhan 4  
Kulaa 2




### Ollaa Gaarii









Sorhan 7  
Kulaa 2






### Akaakuu Afoolaa


Sorhan 8  
Kulaa 2






### Kan Duraarra Kan Ammaa


Sorhan 9  
Kulaa 2






### Faaruu Loonii


Sorhan 10  
Kulaa 2






### Obbolaa Yeroo Isaaniitti Fayyadaman


Sorhan 13  
Kulaa 2






### Nageenya Tiraafikii


Sorhan 17  
Kulaa 2






### Abbaa Coqorsoo


Sorhan 23  
Kulaa 2



### Qonnaa, Utubaa Jireenyaa

Sorhan 24  
Kulaa 2



### Meeshaalee Qonnaa

